

**“SAKKATA’A AFOOLAN AFAAN BARSIIISUU KITAABA
BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 11FFAAFI KUTAA
12FFAA”**

ALMAAZ IDDOOSAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU QUUNNAMTIIN
GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIHAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOOTAA,**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA, 2014(2021)
FINFINNEE, OROMIYAA**

**“SAKKATA’A AFOOLAN AFAAN BARSIIISUU KITAABA
BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 11FFAAFI KUTAA
12FFAA”**

ALMAAZ IDDOOSAA

GORSA: ASAFFAA TAFARRAA (PhD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU QUUNNAMTIIN
GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIHAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOOTAA,**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA, 2014(2021)
FINFINNEE, OROMIYAA**

Galata

Duraan dursee waaqa isa bu'aa ba'ii hedduu keessaa na baasee guyyaa kanaan na ga'eef galanni koo guddaadha. Itti aansuun itti dadhabanii yeroofi beekumsa isaanii osoo hin qusatin na gargaaruun waraqaan kun bifa kana akka qabaatu kan godhan Gorsaa koo Dr. ASAFFAA TAFARRAA tif galanni koo guddaadha. Umurii dhertuu jiraadhaa jechuun bararbaada.

Akkasumas, abbaa koo IDDOOSAA DIRRIBAAFI haadha koo BICAAQEE DHUGUMAA arsaa isaan baran dhaladhee kaasee hanga har'aatti dadhabe osoo hin jedhin dhamaatii guddaa naaf gochuun akkan sadarkaa kana irra ga'uuf nafaana dhama'an, dhamaatii keessaanif waaqni gatii dhamaatii keessanini sin hin dhoowwatin; umurii Araagessaa naaf jiradhaa jechuun carraa kanaan sin galateffachuun barbaada.

Dabalataanis, obbolawwan koo yeroon barumsa keessa jiru gargaarsa isin gama gorsaan, najajjabeesuufi gama qarshiin na cinaa dhaabbatanif milkaa'ina kiyya keessatti warri ga'ee baatan galata guddaan isiif qaba; galatoomaa.

Axereeraa

Qorannoon kun boqonnaalee shan kan of keessaa qabu yoo ta'u, boqonnaa tokko seensa, boqonnaan lama, sakatta'a barruuwwanii, boqonnaan sadi malleen qorannoo, boqonnaan afur, qaaccessa ragaaleefi boqonnaan shan guduunfaa, argannoofi yaboo kan of keessaa qabaniidha. Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa sakkata'a afoolaan afaan barsiisuu kitaaba barnoota afaan Oromoo kitaaba barnoota kutaa 11ffaafi kutaa 12ffaa irratti kan xiyyeeffatudha. Qorannoon kun kaayyoo irratti hundaa'e qorannoo bu'uurati. Sababni isaas kaayyoo qorannoo kanaa yaaxina waa'ee afoolaafi haala itti afaan barsiifamu kan keessatti ibsamu waan qaaccessituudha. Haaluma kanaan yaadrimee maalummaa afoolaa, amaloota afoolaa, faayidaa afoolaa, maalumma afaani, faayidaa afoolan afaan barsiisun qabu fi kkf kan keessatti ibsamu waan ta'eef qorattuun qorannoo bu'uurati akka qorattu murtessittetti. Mala /haalaa dhiyeenyaan immoo qorannoon kun qorannoo mala ibsituun kan dhiyaatedha. Sababni isaas qorattuun malli ittin ragaa dhiyeessitu mala ibsituun tokkoon tokkoon qabiyyewwan kitaaba qorannoof filatamee, gilgaalotaaf shaakalawwan kitaabichaa bifa ibsituun kan dhiyeeffamudha. Malli xiinxala ragaalee qorannoo kanaa, xiinxala yaadrimee/akkamtaadha. Sababni isaas waa'ee afoolaafi afaanii dhimmoonni qorannoo kanaan walqabatan hundi lakkofsaan osoo hin taane yaadani waan ta'eef akkamta/yaadrimee ta'e.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Galata	i
Axereeraa	ii
Baafata	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	1
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	2
1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....	2
1.3.2 Kaayyoo Gooree.....	2
1.4 Faayidaa Qorannichaa.....	2
1.5 Daangaa Qorannichaa	3
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	3
BOQONNAA LAMA: SAKKATA 'A BARRUU	5
2.1 Maalummaa Afoolaa.....	5
2.1.1 Gosoota Afoolaa.....	5
2.1.1.1. Mammaaksa	6
2.1.1.2. Geerarsa	6
2.1.1.3. Durdurii.....	7
2.1.1.4. Sheekkoo.....	7
2.1.1.5. Baacoo.....	8
2.1.1.6. Eebbaa/ abaarsa.....	8
2.1.1.7. Hiibboo	8
2.1.2 Faayidaa Afoolaa.....	9
2.1.2.1 Ibsuu.....	9
2.1.2.2 Cimsuu fi Dabarsuu	9
2.1.2.3 Barsiisuu	10
2.1.2.4 To'achuu	10
2.1.2.5 Miliqsuu	10
2.2. Maalummaa Afaanii.....	10
2.2.1 Dandeettiiwwan Afaanii	11
2.2.1.1. Dhaggeeffachuu	11
2.2.1.2. Dubbachuu	11
2.2.1.3. Dubbisuu	11
2.2.1.4. Barreessuu.....	11
2.2.1.5. Faayidaa Afoolli Afaan Baruufi Barsiisuu Keessatti qabu	12
2.2.1.6. Gahee Afoolaan afaan barsiisuun Dandeettiiwwan Afaanii gabbisuu Keessatti Qabu	12
2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii.....	13

BOQONNAA SADII: MALAWWAN QORANNOO.....	14
3.1 Saxaxa Qorannoo.....	14
3.2 Madda Ragaalee Qorannichaa.....	14
3.3 Mala Iddattoo	14
3.4 Meeshaa Funaansa Ragaalee.....	14
3.4 Tooftaa Xiinxala Ragaalee	15
BOQONNAA AFUR: DHIYEESAAFI QAACCESSA RAGAALEE.....	16
4.1 Ibsa Gabaabaa Waa’ee Kitaaba Barnootaa Kutaa 11FFAAFI 12FFAA	16
4.2. Qaaccessa Afoolawwan Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa Sakatta’uun Funaannaman	16
4.3. Qaaaccessa Afoolawwaan Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa Sakatta’uun Funaannaman	17
4.4 Qaaccessa Afoolaa Sakatta’amanii Dandeettii Afaanii Barsiisuu Keessatti.....	18
4.4.1. Qaaceessa Afoola Kitaaba Barnoota Kutaa 11ffaa Dandeettii, Caaslugaafi Hiika Jechootaa Barsiisurratti Qabu.....	18
4.4.2. Qaaceessa Afoola Kitaaba Barnoota Kutaa 12ffaa Dandeettii, Caaslugaafi Hiika Jechootaa Barsiisurratti Qabu.....	21
4.5. Hanqinaafi Cimina afoolawwan Sakatta’amaniin Afaan Barsiisuu.....	23
4.5.1. Hanqinaafi Cimina Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa.....	23
4.5.2. Hanqinaafi Cimina Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa.....	25
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.....	26
5.1. Guduunfaa.....	26
5.2 Argannoowwan	26
5.3 Yaboo/ Yaada Furmaataa	27
WABII	
Waraqaa Mirkaneeffannoo	

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Afoolli kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee, afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan darbuudha. Fedhasaa(2013:33) yoo afoola ibsu:Afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaa'uu afaaniin darbuudha.Kana keessatti haalli kuufamaafi lufiinsasaa himiinsa afaaniin malee barreeffamaa miti jechuun ibsa.Yaaduma kana kan deeggaru, Addunyaa (2016:166) irratti yoo ibsu:''Afoolli ogummaa (wisdom) labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbuudha.''Akkasumas afoolli aadaa, seenaa, sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi irra ture mul'isuuf, jechootafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniin kunuunsee dhiheessa.Akka jecha hayyoota kanaatti afoolli aadaa,seenaa,safuufi duudhaa hawaasni tokko ittiin waljiraachisu kan calaqqisiisuudha.kana jechuun, afoolli amala adda addaa yoo qabatuuyuu malee yeroo sanaafi bakka sanatti waa'ee hawaasa keessatti himamuu ibsuu irratti hanqina hin qabu.

Afoolli kun immoo afaan fayyadamuun kan barsiifamudha. Kana jechuun afoollifi afaan hidhata cimaa qabaatu jechuudha. Keessumattuu, afoolli bifa garaagaraan ykn yoommessa keessatti umaamu keessatti afaanitti dhimma ba'uun ni geerarra yoo ta'e gerraru, ni weeddisnas yoo ta'e caasaafi seera afaan sanaa eeguun dhimma baana. Addunyaa, (2016:1) "...afaan maallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti jechuun yoo hiikan, afaan baattuu aadaati jedhanis jiru". Yaada barreessa kanaa irra kan hubannu, maalummaa afaanii keessatti, afaanifi hawaasni kan gargar hin baaneefi innis eenyumma hawaasa sanaa baachurra darbee tajaajila gudda hawaasaf kennu isaati.

Kanaafuu, qorattuun, sakkata'a afoolaan afaan barsiisuu mata duree jedhu keessatti, haalli sirni barnoota biyyatti aadaa hawaasa sanaa fayyadamee afaan barsiisu kan ilaaltudha. Kun immoo, ammam sirni barnootaa malawwan adda addaa fayyadamee haala baruufi barsiisuu sirnaawaafi faayida qabeessa ta'een barnoota qulqullina qabuun dhaloota akka oomishuufi dhaloota aadaa ofii osoo hin dagatiin sirna hawaasaa keessa dhaabbate saayinsiifi teekinoolojjii haaraa uumu kan ilaallamudha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Akkuma barreessitoonni adda addaa kasanitti, ummanni oromoo uummata afoolawaadha. waggoota hedduuf feedhii, dandeetti, siyaasa, dinagdee, amantii, diddaa, gootummaa, duudhaafi kkf afoola fayyadamuun ibsachaa turera. Kunis bifa geerarsaan, mammaksan, hibboon,

durduriinfi kkf ijoollee ofii mana keessatti barsiifachuu irra eegalee hanga biyya bulchuutti itti fayyadamaa tureera. Qorattuu qorannoo mata duree “ sakkatta’a afoolaan afaan barsiisuu kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa”, sababoota adda addaaf ykn akka qorattuuf qabxiilen ka’umsa ta’aniif heddudha. Innis, kitaaba barnoota keessatti haalli afoolli ittin himamu ykn hojirra oolmaan afaan sana barsiisuuf, keessummayyuu dandeettiwwan afaanii(dhageeffachuu, dubbisuu, barressufi dubbachuu) afoola akkamii gargaarame akka barsiisu adda baasuun qaaccessudha, kana malees, hanqinaafi cimana sirna barnootichaa sadarkaa sanatti afaaniin afoola barsiisuu ilaalun xiinxalu yaada furmaata kaa’u. Dabalataanis, qorannoon dhimma mata duree qorattun ilaaluuf kaate kana irratti qorannoo hojjetame qorattuu kan hin quunnamne ta’uudha. Qorannoon kun gaaffilee bu’uuraa armaan gadii deebii kan kennudha.

- ✚ Afoolawwan kitaabicha keessatti argaman maal maali?
- ✚ Afoolaan afaan barsiisuun bu’aa maalii qaba?
- ✚ Dandettiwwan (ogummaawwan) afaanii barsiisuu kessatti ga’een afoolaa kitaabicha keessatti mul’ate maali?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoowwan gurguddoo lama of keessaa qaba. Isaanis, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreeti.

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo yaada ijoo qorannichi iddoo tokkotti ilaalu yoo ta’u, “Sakkata’a afoolaan afaan barsiisuu kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa’ ta’a

1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qabxiilee qorannicha keessatti barbaachisoofi murtaawoo ta’anidha. Isaanis:

- ❖ Afoolawwan kitaabicha keessatti argaman adda baasuun qaaccessuu
- ❖ Bu’aan afoola fayyadamanii afaan barsiisuu qabu ibsuu
- ❖ Afoolawwan kitaabicha keessatti argaman dandettiwwan afaanii barsiisuu keessatti ciminaafi hanqina isaanii adda baasuun xiinxaluu.

1.4 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon tokko kan adeemsifamu, rakkoo tokkoof furmaata barbaaduu ykn beekumsa haara’a argachuuf ykn waan xiqqaa tokkorraa damee beekumsa guddaa mul’isuuf ta’uu danda’a. Bu’aan

qorannicha irraa argamu immoo qaamolee garaagaraa fayyaduu danda'a. Afoolli seenaafi duudhaa hawaasaa afaaniin dhalootaa dhalootti kan dabarsuudha. Sirni barnoota immoo sadarkaa biyyaatti kan qophaa'uu ta'ee onnee baruufi barsiisuti. Kana jechuun sirna barnootan ala baruufi barsiisuun hin jiraatu. Kun immoo kan qophaa'uu namoota oggummaa sanatti dhiyeenya qabaniin ta'a. isaanis, qabiyyee kitaaba qophaa'uu kaayyoo kaayyeffataniin kan walsimuu danda'u tooftaa kamiin qabiyyee sana yoo barsiifne barattootaf hubatama, bu'aa ammamii qaba, hanqinaafi ciminni isaa maal akka ta'e kan itti ilaalanidha kana jechuun dubbisuu barsiisuuf afoola keessa kamtu gaarii akka ta'eefi bu'aa dansaa fidu ni ilaalu, kanaafuu qorannoon kun namoota sirna barnootaafi silabasii qopheessan ni fayyada. Afoolan afaan barsiisuun ammam kitaaba barnoota filatame keessatti akka hojirra oole barsiisu. Namoota qorannoo gosa kan qorataniif. Akkasumas namoota waa'ee afoolaa hin hubanneefi qorannoo isaanii afoola irratti qorataniif akka ka'umsaatti tajaajiluu danda'a. Dabalataanis barattoota barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa baratanif bu'aa kenna jedheen amana.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Seera qorannoo keessatti bu'aa qoraannoo gaarii haalafi yeroo barbaadametti xumuruuf qorannicha daangessuun barbaachisaadha. Qorannoon kunis gosa lamaan kan daanga'e yoo ta'u, innis, kitaaban, kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa, qabiyyeen immoo haala afoolan afaan barsiisuu irratti daangeffamera. Kanaaf qabiyyee qorattuun xiinxaltu gosoota afoolaa kitaabilee barnoota sana kessatti argamaniifi haala kamiin afaan akka barsiisuuf oolantu keessatti ilaalama. Kanaafuu, daangaan qorannoo “ Sakkata'a afoolan afaan barsiisuu kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa”.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Hojii kamiiyyuu hojjetanii xummuruuf rakkoon adda addaa nama muuddachuu danda'a. Kun immoo hojii qorannoo keessatti akka hanqinaatti ilaallama. Hanqinni kunneenis:- Hanqina yeroo, hanqina maallaqaafi madda ragaa adda addaa ta'uu danda'a. Hanqina yeroo, qorannoo kana haala gadi fageenya qabuun waa'ee afoolan afaan barsiisuu keessatti kitaabni qorannoof filatame maal akka fakkaaturra darbee seerluga kan hin dabalannedha kun immoo qorattuun sababa yerootiin mata duree daangessiteerti. Kun immoo yeroo barnootaa waan ta'eefidha. Haa ta'u malee qorattuun yeroo boqonnaa isheetti gargaarramtee rakkoo kana jala darbuu dandessetti.. Hanqina kitaabaafi waraqaa qorannoo sadarkaalee barnoota garaagaraa irratti qorataman baay'inaan dhabamuu. Kun immoo sakkata'a barruu walfakkii irrattis kan qorattuu

quunnameedha.kitaabilee afaan biroo sakatta'uun milkaa'uu ni dandeessi.dabalataanis sakatta'a barruu walfakkii dhabuun sadarkaa maasteriitti kanneen hojjetamaniifi amma tokko qofa walfakkatan sakattaatetti.

BOQONNAA LAMA: SAKKATA’A BARRUU.

2.1 Maalummaa Afoolaa

Afoolli hambaa uummataa kana dhaloota dhalootatti afaaniin darbuudha. Yaada kana ilaalchisee Jaarraafi Wasanee, (2008:156) irratti yoo ibsani “Afoolli kan dhaloota dhalootatti afaaniin darbuufi hambaa uummataati”. Kana jechuuni afoolli abummaa osoo hin ta,iin uummatummaan beekkama. Namni mirgaa abbummaa falmatu waan hin jirreef jiruuf jireenya hawaasa keessaa waan burqeef. Kanaafuu, afoolli ragaa qabatamaa aadaafi seenaa dhaloota darbeefi kana ammas kana ibsuudha. Dabalataanis afoola ilaalchisee Asaffaa, (1998) irratti yommuu ibsu; Afoolli ibsituu, aadaafi calaqisiistuu eenyummaati. Kunis kan hubachiisu afoola beekuun, aadaa beekuu, aadaa beekuuni jiruufi jireenya dhunfaafi hawaasa sana beekuurraa darbanii ofbeekuudha. Afoolli beekumsaafi amantaa aadaa hawaasichaa jecha afaaniifi gochaatiin kan darbuudha. Yaada kanarraa kan hubannuu afoolli ibsituu callaqistuu aadaa saba tokkooti. Akkasumas afoolaa beekuun eenyummaa ofiifi hawaasichaa beekuu akka tahee ni hubanna. Kana malees, afoolli kana hawaasaa tahee gochaafi afaaniin kan darbu ta,uu isaa hubanna.dabalataanis, Birhaanuu, (2013:12) “as its name suggest, the term oral literature refers to verbal art of traditional cultures usually composed orally and transmitted from generation to generation by word of mouth” jechuun ibsa. Kanaafuu hiikni afoolaf kennamu yaada hawaasa keessa jiru afaaniin dhalootaf dabarsuudha.

2.1.1 Gosoota Afoolaa

Barreessitoonni adda addaa akkuma dirree beekumsa isaanitti, afoola akaakuu adda addaatti qooduu ilaalu. (Addunyaa, 2016:173) “akaakuun afoolaa lakka’amii hin dhuman. Akka bishaan galaanati. Kitaaba kana keessatti geerarsa, mammaksa, ciigoofi sheekkootu mil’atama”. Yaaduma kanarratti immoo(Fedhasaa, 2017:38) Afoola geerarsa, mammaksa, hiibboofi kkftti qooduun rakkoo akka qabu ibsuun “ Afoolli dame gurguddoo sadi qab. Isaanis, seeneffamoota afoolaa, afwalaloofi qareeyyii “ jechuun qoode. Akkasumas, (Geetaachoo, 2008:141) “Afoolli akaakuu hedduu qaba. Isaanis: eebba, mammaaksa, hiibboo, ciigoo,geerarsa, sirba, tapha ijoollee, faaruufi kkf” jechuun qooda. Dabalataanis, Birhaanuu,(2013:12) “oral literature is a general term that include folksongs, ballads, tales, proverbs, riddles, charms, legend, etc.

Kanaafuu, akaakuun afoolaa mammaaksa, hiibboo, sirba aadaa, ciigoofigeerarsaafikkf jechuu dandeenya kunneenis hawaasa Oromoo biratti baayyee beekkamaafi iddoofi yeroo barbaadametti ergaa dabarsuu barbaadef oola. Ibsi tokkoon tokkoon isaanis, bifa armaan gadiin ibsama.

2.1.1.1. Mammaaksa

Mammaaksi gosoota afoolaa keessaa tokko ta'ee, bifa gabaabaan ergaa bal'aafi cimaa kan ittiin dabarsaniidha. Kun immoo yeroo baay'ee mammaaksi dubbii fida dubbii fixas jedhamee beekkkama. Yaaduma kana kan deeggaru Fedhasaa, (2017:79) irratti mammaaksa yoo ibsu,

Mammaaksi mala ittiin yaada bal'aa yookiin dubbii dheeraa tokko hima gabaabaan kurfeessanii kaahaniidha. Kana malees, mammaaksi himaafi yeroo qusachuuf, akkasumas, dubbii haala hin dagatamneen akka darbuuf yookiin hubatamuuf gargaara. Kana malees, gaalee yookiin hima baay'ee gabaabaan yaada baay'ee bal'aa ta'e dabarsuu jechuun ni danda'ama. Kanaaf ummanni Oromoo waltajjii adda addaarratti mammaaksa fayyadama.

Kanaafuu akka waliigalatti mammaaksi ummata Oromoo biratti bakka guddaafi hiika baldhaa qabaachurra darbee, haalli tajaajila isaas, qooda guddaa ba'uuf waan tajaajiluuf mammaaksatti dhimma baatonni sirritti akka itti fayyadamaniidha.

2.1.1.2. Geerarsa

Geerarsi damee afoolaa bifa walaloofi yeedaloon qindaa'een namni tokkoo quuqqaa, gammachuu, gadda, obsaa, hawwiifi abdii qabu bifa garaagaraan ittiin ibsatudha. Kun immoo haala adda addaafi yoomessa garaagaraa kessatti haala qabiyyee geerarsa sanaan kan geeraramudha. Kanuma ilaalchisuun, “ Geerarsa eenyuyyuu geeraru danda'ullee, hawaasni nama bu'aa buusee geeraru jala qaba. Kun immoo barbaachisummaa qabiyyee irratti hundaa'a. geerarsa qabiyyee isaa bu'uureffachuun xiinxaluun kan danda'amu yoo ta'u isa kanas bakkaafi yeroo tokkotti qaaccessanii fixuun rakkisaa ta'a”. (Addunyaa, 2016:173) yaada barreessaa kanarraa kan hubatamu, geerarsi haala adda addaa keessatti kan geeraramuufi namni geerarus, dhimma tokko fixaan yoo ba'e jedha. Kun immoo geerarsi gosoota adda addaa qabaachuun yoomessa adda addaa keesatti akka geeraramu agarsiisa

Kana malees, gosti afoolaa kun saba biraa keessatti akka hin argamnelle wanti ka'u jira. “Geerarsi Oromoo keessatti qofa waan argamu fakkata. Hawaasni biraas gosa walaloo kanaa hin qabu. Kanaaf geerarsi kan Oromoo qofti uume itti fayyadamu jechuu nida da'ama”. (Fedhasaa,

2017:60) kanaafuu, akka waliigalaatti geerasi bifa adda addaan kan dhiyaatuu, haala dhiyaanna kan geeraruufi kan jala qabanis ni jiraatu.

2.1.1.3. Durdurii

Durduriin akkuma maqaa isaa dhimmota dur jedhamu irraa kan jalqabu yoo ta’u, tokkoon tokkoon qabiyyee isaa taate hawaasaa bakka bu’uun himama. Kun immoo yeroo bayyee dhimmoota garee waliif faallaa ta’anirratti himama. Kana jechuun, gabaabaafi dheeraa, furdaafi qallaa, gamnaafi gowwaa, dhiiraafi dhalaa, gootaafi lugnafi kkf gidduutti himaama. Kun immoo namni seenessu sana namni gaaffii ragaarratti hundaa’e gaafatu hin jiru, yoo gaafatellee, wanti hunduu dur hafe jechuun amansiisuuf yaala.

Yaaduma kana kan deeggaru Fedhasaa, (2017:43) durdurii yoo ibsu;

Oduun durii seenaa addunyaa kana keessatti bara dheeraa dura raawwate seenessa. Taateewwan raawwataman dhugaa irratti hundaa’u. namfakkiileen achi keessa jiran waanuma namni addunyaa kanaa keessatti raawwachuu danda’u raawwatu. Yeroo teenyee dhaggeeffannu waanuma dhugaa olla keenyatti raawwatame nutti fakkaata. Namfakkileen keessatti hirmaatanis, nomoota nuti beeknu fakkaatanii nutti mul’atu.

Yaada barreessaa kanaa irraa kan hubatamu yeroo himimsa durdurii keessatti dhimmoonni ka’u waan hawaasafi tokkoon tokkoon ilma namaa bira jiu waan ta’eef yeroo dhaggeeffannu waan waa’ee keenyaa ykn namoota olla keenyaa kaasaan fakkata yaada jedhu qaba.

2.1.1.4. Sheekkoo

Sheekkoon gosa afoolaa hawaasni waan ifa baasuu hin barbaanne, gaddaafi gammachuu, jaalala, hawwii, gaarummaafi ammeenya ifatti ibsachuu hin barbaanne bineensota, mukkeen, dhagaafi kkf itti moggaasuun seenessudha. Yaaduma kana ilaalchisee, Fedhasaa, (2017:51) “sheekkoon waa’ee addunyaa bineensotaa seenessa. Waltajjii sanarratti, bineensonni akka namaatti dubbatu, hojjetu, nyaatu, walbulchu, walgowwomsuufi raawwilee adda addaa raawwatu. Gochi dhalli namaa walirratti raawwatu kaallatumaan himuurra haala kanaan bineensota bakka buusanii seenessu”

Kanaafuu, yaada kanarraa kan hubatamu taateewwan dhalli namaa bu’aa ba’ii jireenya isaa keessatti gochaa ooluufi jiraatutu bineensota ykn lubbu maleeyyii adda addaatti moggaafamee ibsama. Kun immoo kallatti nama sanaan akkana ykn namni daba walirratti raawwatu kallattiin

ibsuurra fakkeessanii himuun illee bu'aa akka qabudha. Dabalataniis, Geetachoo, (2008:148) irratti sheekkoo yoo ibsu, “sheekkoon hawaasa kamiyyuu bira kan jiruufi wantoota adda addaa kan akka horii, nama, bineensa, muka, dhakaafi kkf irratti bu'uureffachuun kan himamuudha. Sheekkoon yeroo wantoota kanarratti hundaa'uun himamu haala walaloofi hololootiin ta'uu danda'a”. waraabbii kana keessatti haalli dhiyaannaa sheekkoo amala walalummaan yeedaloo daballame himamuufi haala asoosaman seeneffamus kan agarsiisudha.

2.1.1.5. Baacoo

Baacoon akkuma maqaa isaa gosa afoolaa wantoota nama kofalchisan of keessaa qabudha. Kun immoo kaayyoo guddaan baacoo hawaasa sana onneerra kofalchisuuf caalatti filatamaadha.” Baacoon yeroo tokko tokkos gochaafi jecha karaarra maqantu dhiyaata. Wanta dubbatamuu hin qabnetus seenicha keessatti himama. Sanatu nama dinqisiisa. Yeroo baayyee baacoon gochoota saala faallaa gidduutti raawwataman xiyyeeffata” (Fedhasaa, 2017:58) . kanaafuu baacoo keessatti jechoonni safuu yeroo bay'ee kan dubbatamuufi dhimmoota faallaa kan kaasanidha.

2.1.1.6. Eebbaa/ abaarsa

Ummata Oromoo keessatti eebbiifi abaarsii baay'ee beekkama kan ta'eedha. Oromoon kan tolche(waan gaarii) ni eebbisa, nama daba(waan badaa) raawwate immoo akkuma aadaa isaatti ni abaara. “Eebba jechuun yaada hawwii gaarii akka qabeenya dagaagatan akka jireenya hawaasummaa jaalatamaa ta'u namni tokko nama biraatii hawwu ykn waaqayyo kadhachuufi jechuudha. Jaarsoliin Oromoo “eebbi ganama jira abaarsi booda erga hammeeniyifi kijibni(sobni) dhalate jalqabame” jedhu” (Geetaachoow, 2008:141) yaada barreessa kana keessatti akka ibsametti eebbifi abaarsi faallaa walii kan ta'aniif gaariif eebbi yoo hawwamu badaaf immoo abaarsa ta'uudha.

Kanaafuu, eebbi yeroo gaa'ilaa misirroowwan lamaan akka jaalalaan waliin jiraataniifi qabenaafi daa'ima argatan, yeroo daboo, yeroo irreechaa, yeroo araaraafi kkf yoo ta'u abaarsi immoo yeroo taaten qabeenya waljalaa fudhachuu ummamefa'a kan adeemsifamudha.

2.1.1.7. Hiibboo

Hiibboon gosa afoolaa ta'ee bifa gaafiifi deebiin nama lama ykn garee lamaan kan taphatamuudha. Yeroo baay'ee hiibboon miseensota maatii keessatti galgala galgala kan dhiyaatudha. Kun immoo yeroo sanatti namni hundi kan argamuufi boqonnaa waan ta'eefidha.

Akkasumas, seera mataa isaa kan qabu gaafataafi gaafataman gidduutti deddeebisan kan dhiyaatudha. Kun immoo hiibboon tapha garlamee sammuu namaa qaruuf taphatamuudha.

Hiibboon gaaffii nama deebii waan gaafatamuu hinbeekne qaruuf ykn tabjaajjesuu (confusing) dhiyaatudha. Bu'aan inni ummata Oromoo biratti qabus kanumaan walfakkaata. Sammuu daa'ima irraa kaasee hanga nama guddaatti dadammaqsuuf, guddisuuf, loojikiidhaan waa qolachuu akka danda'an gochuuf, yaada tokko bal'isanii ibsuuf, waa'ee namaa, bineensotaafi naannoo sirritti akka hubatan gargaaruu keessatti bakka guddaa qaba (Fedhasaa, 2017:85)

Kanaafuu, hiibboon yaadrime baay'ee kan ofkeessa qabu seerab taphaafi dhimmoota taphatamuuf akka qabu yaada barreessaa armaan olii kanarraa hubachuun ni danda'ama.

Walumaagalatti afoolli baay'ee bal'aa kan ta'eefi hunda isaanii kan hin kaanefi muraasni isaaniiqofti bifakanaa oliin ka'eera.

2.1.2 Faayidaa Afoolaa

Afoolii faayidaa hedduu qaba.Kanneen ilaalchisee waasaneen, (2008:169) irratti yoo ibsuu“Afoolii faayida gargaara qaba.Kanneen keessa kan bu'uura ta'anii,ibsuu,cimsuu,barsiisuu fi miliqsuu jechuudhan ibsa.”

2.1.2.1 Ibsuu

Faayidaan bu'uuraa afoola kun gaaffilee naannoo keenyaa irraa ka'aniif deebii kenna.Wantoota naannoo adda addatti argamiin irratti hubannoo cimaa ta'ee tokko ni dabarsa.Namoota bakka gargaraa jiran fi gaaffilee bu'uuraa isaanittif deebii kan kennudha.Fakkeenyaaf, bineensotaa, biqiltoota, namoota maaltuu uumee gaaffii jedhamni deebii kennudha.Dabalataan ummanni oromoo afoolaan kana badhaadhe. Kanneen keessaa mammaaksi isa tokkoodha.Hawaasni oromoo gaaffillee ajaa'ibsiiso ta,an mammaaksatti fayyadamani deebii quubsa tahee ,kara gabaabaafi ifa taheen lafa ni kaa'uudha.

2.1.2.2 Cimsuu fi Dabarsuu

Aadaa uummatichaa dhalootaa irraa dhaloottatii cimee darbuu qaba.Aadaa fuudhaa fi heerumma, aadaa jilaa, aadaa nyaata, aadaa walgargarsaa fi walkabajuu cimsiin dhaloota dhaloottii dabarsuu qabu.Dabalataan hawaasni oromoo afoolota babbareedo yookaan mimmidhaaga kan jedhamuu hin dandeenyee baay'ee qabu. Afoollonni hawwataan kun laafnaani hawaasa kanaaf dhamaati guddaadha. Kanaafuu hawaasni qabeenyaa isa kana seeraan kunuunse yookaan cimsee labata

labatatti dabarsuu qaba. Afoola kana keessaa mammaaksi gahee guddaa qaba. Fakkeenyaaf akka jaalalaafi tokkummaa hawaasa gidduutti cimuu, akka hawaasni aadaafi duudhaa ofjabeeffattu mammaaksi gahee guddaa qaba. Kanaaf mammaaksi qabeenyaa guddaa hawaasati.

2.1.2.3 Barsiisuu

Afoolli aadaa uummataa, seenaa, seera, duudhaafi haala uffanaafi amaloota fudhatamuu qabanii ni barsiisa. Fakkeenya jiruufi jireenyaa keessatti jabaatin hojjachuu, tokkumma qabachuu, jaalala qabachuu, arjummaa fi abshalummaa akka qabatin ni barsiisa. Dabalataan faayidaan afoolaa sammuu dhala namaa qaruudha. Afoolotaa kanneen keessaa mammaaksi faayidaa guddaa qaba. Mammaaksi waan baay,ee kana hawaasa barsiisuuf sammun dhala namaa kallatti baay,een akka waa yaaddu yookaan xiinxaltu kan taasisu. Kan malees akka namoonni dubbi barataniif gahee olaanaa qaba. Walumaagalatti mammaaksi jiruufi jireenyaa dhala namaaf murteessaadha.

2.1.2.4 To'achuu

Seeraa yookiin aadaa uummanni qabu keessatti amaloota gadhee ta'anii ballalleeffatin ,amaloota fuudhatamu qaban cimni akka itti fufiin gochuudhaan akka ittii fufani yookiin aadaa uummatichaa akka hin cabne to'achuudha. Uummanni oromoo aadaaf duudhaa isaa kana too,ate ardhaan gahee meeshaan inni itti gargaarame afoolumaa isaati. Afoolota kanneen keessaa mammaaksi isa tokkoodha. Kana jechuun wantoota hawaasa keessaatti hin barbaachifne dhorkuuf humnaani osoo hin jechaan fayyadamuun hawaasa keessa dhabamsiisu. Kana keessaatti mammaaksi gahee gudda qaba.

2.1.2.5 Miliqsuu

Jiruu fi jireenyaa ilma nama keessattii dhiibba yeroo, siyaasa, uumamaa fi jireenyaa irraa kan ka'e bu'aa ba'ii hedduudhaan kan guutametha. Dhiibbawwan kanneen kallattiin qolachuuf afoola adda addaatti faayidamnii keessa darbuudha. Haalii rakkisan human nama olii ta'ee yeroo nama muudatuuf afoolii meeshaa ittii miliqaniidha. Kunis afoolan addunyaa jibsiisaa jalaa garaa addunyaa gammachuu fi bashaanasiisaa ta'eetti akka ceenuuf nu gargaara. Dabalataan hawaasni oromoo baay,ee afoolaan badhaadha.

2.2. Maalummaa Afaanii

Afaan dhalli nama adeemsa jiruufi jireenya isaa gaggeessuf waliigaluu waan barbaachisuuf meeshaa waliigaltee ilma namaati jechuu dandeenya. Kana yeroo jennu hiika afaanii gabaabsuu

danda'a. Garuu, waliigaluu keessa walddhabuu ykn walmormufis afaan ni barbaachisa. Yaaduma kana ilaalchisee (Addunyaa, 2016:1) irratti waa'ee afaanii yoo ibsu, "Afaan sagaloota dubbiiittin kan fayyadamu, mallattoo eenyummaafi baattuu aadaa hawaasa tokkoo kan ta'e, meeshaa walqunnamtii jechuu dandeenya". Kanaafuu afaan yaadota hawaasaa, aadaafi eenyummaa kan keessatti mul'atu ta'ee meeshaa waliigalte ta'uu isaati.

2.2.1 Dandeettiwwan Afaanii

Akka Geetaachoo, 2008:5-7) irratti ibsutti, kaayyoon gooroo barnoota afaanii dandeetti afaanii arfan gabbisuudha jedha. Dandeettiwwan kunneenis:

2.2.1.1. Dhaggeeffachuu

Dhaggeeffachuun dandeettii afaanii keessaa tokko ta'ee, adeemsa waan qilleensa irraa dhufe tokko caqasani hubachuuti. Kanuma ilaalchisee, (Geetaachoo, 2008:5) "Dhaggeeffachuu jechuun sagaleeqilleensa irraa dhufe tokko caqasani hubachuun hiika itti laachuu danda'u yoo ta'u, dhagahuu jechuun immoo sagalee qilleensa irraa dhufu tokkoota itti hin yaadin ykn hin hubatin gurratti fudhachuu jechuudha.

2.2.1.2Dubbachuu

Dubbachuun dandeetti afaanii keessaa tokko ta'ee, yaada ykn dhimma tokko namaaf dabarsuu jechuudha. Isuma,2008:5 "Dubbachuu jechuun yaadasammuu nama tokkoo keessa jiru nama biraatif akka ifata'u gochuudhan jechoota duraa duubaan qindeessanii himoota ijaaruun afaanin ibsu jechuudha". Ilmi namaa yaada, fedhii, hawwii, gammachuu, gaddaafi wkf afaaniin ibsata.

2.2.1.3Dubbisuu

Dubbisuun beekumsa mallattooleefi sagaleewwan afaan tokkoo walitti firoomsanii fayyadamuun barreeffamarraa hiika argachuuti. Kana jechuun yaada barreessan mallattoolee adda addaa fayyadamuudhan barreesse hubachuu, qayyabachuufi xiinxaluu dabalata. Yaaduma kana kan deeggaru, Beekaan, (2015:84) " Hittleman, wabeeffachuun yoo ibsu, "Dubbisuun waan lam of keessaa qaba. Innis waan waraqaa irratti barreeffame ilaalanii, yaadafi ergaa barreessaa hubachuudha. Inni biro immoo hiika mataa ofii itti kennudha".

2.2.1.4.Barreessuu

Barreessuun dandeetti afaanii keessaa tokko ta'ee, qubee ykn mallattoo uummanni irratti waliigale fayyadamun mala ergaa dabarsuun katabuudha.

2.2.1.5. Faayidaa Afoolli Afaan Baruufi Barsiisuu Keessatti qabu

Afoolatti gargaaramanii afaan barsiisuun barattooni dandeettii afaanii (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) gabbifachuu keessatti bu'aa guddaa qaba. kana malees, barnoota afaanii keessatti jechoota barsiisuu keessatti ga'een isaa olaanadha. Abbabaa, (2010:15) Otto (2006) wabeeffachuun yoo ibsu, "Jabana durii dargaggoonni afaan kan baratan afoolatti dhimma ba'uuni. Kana malees, hubannoo addunyaa kanaa kan hubatan afoola gargaaramuni. Dabalataanis, afoolli walii dubbii keessatti dubbii haalawa taasisa". Waraabbii kanarraa kan hubannu afoolatti fayyadamuun afaan barachuun dandeettii afaanirra darbee waa'ee jechootaafi kkf ni barsiisa yaada jedhuudha.

2.2.1.6 Gahee Afoolaan afaan barsiisuun Dandeettiwwan Afaanii gabbisuu Keessatti Qabu

Afoolatti fayyadamuun afaan dandeettiwwan afaanii barsiisuu keessatti haayyoonni waan garaagaraa kaasu. Brumtfi Cartr (1986) (Abbabaan 2010:16) wabeeffachuun akka ibsetti, "The process of reading is a process of meaning creation by integrating one's own needs, understanding and expectatation with a written text" kana jechuun, dubbisuu jechuun fedhii, hubannoofi fedhii ofii qaban dubbisa dhiyaatu tokkoon walqabsiisuun hiika kennuu jechuudha. Kun immoo afoola tokko dubbisuun dandeetti dubbisuu horachuurra darbee yaadichaf hiika laachutti deema.

Afoolli aadaafi muuxannoo barattoota waan of keessatti hammatuuf akka hirmaanna daree cimsan taasisa. Kana malees, barattooni fedhii guutuu horachuun akka ogummaa dubbachuu gabbifataniif karaa kan banuudha. Jechoonni afoolli ittiin dhiyaatu bifa miidhagina qabuun kuulamee waan dhiyaatuuf, qalbiifi miira namaa hawwachuun dhaggeeffachaa akka dubbataniif nama affera. Waan kana ta'eef barattooni afoolaan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu kan gabbifatan ta'a (Abbabaa, 2010: 15)

Yaada armaan olii kanarra kan hubannu haalli dhiyaanna afoolaa jechoota miiraan guutamaniin waan ta'eef dandeetti dubbachuufi dhaggeeffachuu barattootaa gabbisa yaada jedhu qaba. kun immoo waan dhaggeeffataniifi dubbatan barreeffaman waan ka'aniif dandeetti barreessus ni cimsa.

2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata duree sakatta'a barruu walfakkii jedhu kana jalatti, qorannoowwan namoota biroon qorataman ta'anii qorannoo kanaan walfakkaatan kan itti sakatta'amaniidha. Kanaafuu qorannoowwan walfakkii qorannoo kanaan walfakkaatan kan armaan gadii ka'edha.

Qorannoo kanaan kan walfakkaatu, qorannoo Abbabaa Gabbisaa bara 2010 /2018 kan qoratame mata duree “ XIINXALA DHIYAANNAA AFOOLAA KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KEESSATTI KUTAA 11FFAAFI 12FFAA KAN BU'UUREFFATE” yoo ta'u qorataan boqonnaa shanitti qooduun qoratera. qorannichis kaayyoo irratti hundaa'ee qorannoo bu'uura yoo ta'u, mala ibsuun kan dhiyaate; tooftaan xiinxala ragaa akkamtaafi hammamtadha. maddi raga qorataa qorannoo sakatta'amee kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaa, 12ffaa, barsiisotaafi barattota. Kaayyoo isaa galmaan ga'uuf madda raga kanatti dhimma ba'uun milkaa'era.

Tokkummaa qorannoowwanii

- Lachuu afaan oromoon qoratamanii
- Lachuu afoola xiinxaluu irratti xiyyeefata
- Lachuu kitaabile barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa irratti dhiyaatan.

Garaagarummaa Isaanii

- Qorannoo sakkata'ame sadarkaa 'MA'tti yoo ta'u qorannoon kun immoo 'BA'dha
- Qorannoon kun kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa afoolaan afaan barsisuu irratti kan xiyyeefatu yoo ta'u, qorannoon sakatta'ame immoo haala dhiyaannaa afoolaa, bifa qabiyyee, barannoofi gilgaalaan keessatti haala kamiin akka dhiyaate xiinxale.
- Barri qorannoo gargari

BOQONNAA SADI: MALAWWAN QORANNOO

3.1 Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun kaayyoo irratti hundaa'e qorannoo bu'uurati. Sababni isaas kaayyoo qorannoo kanaa yaaxina waa'ee afoolaafi haala itti afaan barsiifamu kan keessatti ibsamu waan qaaccessituudha. Haaluma kanaan yaadrimee maalummaa afoolaa, amaloota afoolaa, faayidaa afoolaa, maalumma afaani, faayidaa afoolan afaan barsiisun qabu fi kkf kan keessatti ibsamu waan ta'eef qorattuun qorannoo bu'uurati akka qorattu murteessittetti. Mala /haala dhiyeenyaan immoo qorannoon kun qorannoo mala ibsituun kan dhiyaatedha. Sababni isaas qorattuun malli ittin ragaa dhiyeessitu mala ibsituun tokkoon tokkoon qabiyyewwan kitaaba qorannoof filatamee, gilgaalotaaf shaakalawwan kitaabichaa bifa ibsituun kan dhiyeeffamudha. Malli xiinxala ragaalee qorannoo kanaa, xiinxala yaadrimee/akkamtaadha. Sababni isaas waa'ee afoolaafi afaanii dhimmoonni qorannoo kanaan walqabatan hundi lakkofsaan osoo hni taane yaadani waan ta'eef akkamtaa/yaadrimee ta'e.

3.2 Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorattuun madda ragaalee qorannichaa gaggeessuuf itti fayyadamte kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaati..Dabalataanis kitaabileefi qorannoowwan waa'ee afoolaafi afaanii kaasan yoo ta'u, kunis kitaabilee waa'ee yaadrimee afoolaa, amaloota afoolaa, faayidaa afoolaa, maalummaa afaaniifi kkf irratti dhimma ba'uun ni qoratti.

3.3 Mala Iddattoo

Iddattoon bu'ura qorannooti. Malli iddattoo qorattuun fayyadamtes mala iddattoo akkayyoo ykn fuulleffannaati. Sababni isaas qorattuun, kitaaba barnootaa afaan Oromoo kutaa 11ffaa haalan dubbisuun waan hubatteef, qabiyyee afoolaan afaan barsiisuu kan qaaccessituudha.

3.4 Meeshaa Funaansa Ragaalee

Qorattuun qorannoo kana gaggeessuufi argannoo irra ga'uuf meeshaan funaansa ragaa sakatta'a sanadaa yoota'u, kitaabilee wabiifi " kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 11ffaati" sakattaatetti. Kun immoo adeemsa garaagaraa keessa darbuun kan raawwatameedha. Jalqaba kitaabni barnoota afaan Oromoo haalan dubbifamuun afoolawwan achi keessa jiran adda ba'aniiru. Sana booda haala kamiin afoola sanatti fayyadamuun afaan akka barsiisan, afoola gosa kami fayyadamuun dandeetti afaanii kam akka barsiisan sakatta'uun erga adda ba'anii booda argannoorra ga'uu dandeessetti..

3.4 Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Qorannoon tokko yeroo xiinxalamu toofta ni qabaata. Innis, mala akkamtaa ykn hammamtaa jedhama. Tooftaan xiinxala ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisa ta'e, xiinxala yaadrimee/akkamtaadha. Sababni isaas xiinxalli qorannoo kanaa lakkoofsan osoo hin taane yaadrimeedha. Kanaaf maalumman afoolaa, haala kamiin kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti afoola fayyadamuun afaan barsiisu, ciminaafi hanqina isaa bakka itti yaadrimeen xiinxalamudha.

BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ragaaleean qorannichaa bakka itti qaaccaffamaniifi tokkoon tokkoon afoola kitaaba qorannoof filatamanii bakka itti adda ba'uun qaaccaffamanidha. Kun immoo kitaabileen barnootaa afaan Oomoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa keessaa afoolawwan argaman baasuun faayidaafi haala ciminaafi hanqina qabaachuun isaan afaan barsiisuu irratti qaban ni ilaalamu.

4.1 Ibsa Gabaabaa Waa'ee Kitaaba Barnootaa Kutaa 11FFAAFI 12FFAA

Kitaabni barataa kutaa 11ffaa, boqonnaalee kudha torba (17)fi fuula dhibba lamaafi digdamii afur (224) kan of keessaa qabuudha. Kunis, maxxansa jalqabaa bara 2005/ 2012 qopheessitaata kanneen akka: Addunyaa Barkeessaa, Alaamirroo Kaasahun, Tashoomaa Ejereefi Taarreqeny Mokonna kan qopheeffamedha.

Kitaabni barataa kutaa 12ffaa, boqonnaalee kudha saddet (18)fi fuula dhibba tokkoofi torbaatamii lama (172) kan of keessaa qabuudha. Kunis, maxxansa jalqabaa bara 2005/ 2012 qopheessitoota kanneen kitaaba kutaa 11ffaa qopheessaniin kan qophaa'edha.

4.2. Qaaccessa Afoolawwan Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa Sakatta'uun Funaannaman

Askeessatti tokkoon tokkoon afoolawwan kitaaba kana keessatti argaman bakka itti adda ba'aniifi afaan barsiisuu keessatti maal akka fakkatan, akkasums, dandeettii afaanii keessaa kaam caalatti barsiisuu akka oolan bakka itti adda ba'uudha. Dabalataanis, caaslugaa fi hiika jechoota ni ilaallata.

- ❖ **Sirba Daboo (boq. 1, f:21-23)** sirba kana keessatti waa'ee daboo sanaa kan faarsan yo ta'u, kan weellisuufi kan jalaa qabutu mul'ata dandeetti afaanii akka barreessuu, dubbisuufi dhaggeffachuuf ni gumaacha. Akkasums, hiika jechootaf caalatti barbaachisa
- ❖ **Geerarsa (boq. 2 f:37-38 fi boq. 5 f:84)** geerarsi kun dhimma biyya bilisoomsuufi haala ittiin hiyyuuma moo'atan irratti kan dhiyaate akka qabiyyeetti osoo hin taane bifa barannoon yoo ta'u, dandeettii afaanii arfan kan gabbisuudha.
- ❖ **Dudurii (boq. 3 F:54-56, boq. 5 F:75 fi boq. 10 F:137)** durduriin kun dhimmoota adda addaa irratti kan xiyyeeffatan yoota'u tokkoon tokkoon isaa dandeetti afaaniifi caaslugaa, akkasumas, hiika jechoota gabbisuuf gumaachuu danda'a.

- ❖ **Mammaaksa** (boq. 4 F:69fi boq. 10 F:139) gosti afoolaa kun immoo dhimmota adda addaa giddu gala godhachuun kan dhiyaate, dandeetti akka dubbisuufi barreessuuf kan ooludha. Dabalataanis, hiika jechootaaf ni tajaajila.
- ❖ **Jechama** (boq. 11 F:148fi boq 12 F:161) jechamni kun caalatti haala jechoonni walitti dhufuun jechama uumuu danda'an kan bu'uureffate yoo ta'u gumaachi isaas caalatti hiika jechaaf ta'a.
- ❖ **Mallee dubbii** (boq. 5 F: 81) malleen dubbii kitaaba kan akeessatti dhiyaatan dandeettii afaanis ta'ee gara caaslugaafi hiika jechaan dhimma gumaachu hin qabu. Kanaaf as keessatti malleen dubbiin afaan barsiisuun hanqina qabaata jechuudha.
- ❖ **Faaruu Ateetee** (boq. 8 f:122) qabiyeen isaa ateetee kan faarfatan ta'ee, afaan barsiisuu keessatti dandeettii afaanii dubbachuu caalatti kan barsiisudha.
- ❖ **Afwalaloo** (boq. 11 F:143) afwaloon kun dandeettii afaanii caalatti kan barsiisuufi haala qabatamaan dhimmota ka'an akka yaadatan ille taasisuu danda'a.
- ❖ **Ciigoo** (boq. 11 f: 146) ciigoon as keessaatti argamu caalatti dandeettii dubbachuufi hiika jechootaa gabbisuuf ni gumaacha.
- ❖ **Hiibboo** (boq. 11 f: 147) hiibboon kun, afoolaan afaan barsiisuu yaada jedhuuf gumaacha guddaa qaba. Innis dandeettii afaanii, dubbachuu, dhaggeeffachuu, barreessuufi hiika jechaa barattoonni akka gabbifatan ni gargaara.
- ❖ **Sirba Sirna Gadaa** (boq. 12 F: 164) sirbi kun caalatti dandeettii barreessuufi dhaggeeffachuu, akkasumas hiika jechaaf yoo gumaachu, dabalataan immoo dandeettii dubbachuus ni cimsa.
- ❖ **Baacoo (boq 15 F:198)** baacoon kunis akkuma afoola kanneen bifa qabiyyeen osoo hin taane gilgaala keessatti kan dhiyaate dandeettii afaaniidubbachuufi dhaggeeffachuu cimsuu danda'a. akkasumas hiika jechaa barsiisa.

4.3. Qaaaccessa Afoolawwaan Kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa

Sakatta'uun Funaannaman

Askeessatti tokkoon tokkoon afoolawwan kitaaba kana keessatti argaman bakka itti adda ba'aniifi afaan barsiisuu keessatti maal akka fakkatan, akkasumas, dandeettii afaanii keessaa kam caalatti barsiisuu akka oolan bakka itti adda ba'uudha.

- **Walaloo sirbaa: (boq 2 fuula 20)** walaloon sibaa kun qabiyyeen isaa waa'ee dhimma baadiyyaa irratti kan dhiyaate yoo ta'u, afoola kanaan dandeettiwwan afaanii lama

caalatti gabbisuu danda'a. innis, dursa ni dubbifama, sana booda dhaggeeffachuu achi keessa jira.

- **Mammaaksa: (boqonnaa 3, fuula 36-37fi bo,7 fuula 74)** mammaaka kana keessatti haalli niyaannaa isaanii dhimmota adda addaa irratti kan xiyyeeffate ta'us, dandeettii afaanii barreessuufi hiika jechootaaf ni oolu.
- **Hibboo (boq. 4, fuula 47-48)** hibboon as keessatti argamu immoo dandeetti afaanii kanneen akka dubbachuu, dhaggeeffachiifi hiika jechoota dabalachuu danda'a.
- **Durdurii (boq. 7, f:71)** durduriin kun akka qabiyyeetti of danda'ee kan dhiyaate yoo ta'u, dandeetti afaanii, barreessuu, dubbachuufi hiika jechootaa gumaachuu danda'a.
- **Ciigoo (boq. 9,f:95)** akka qabiyyeetti osoo hin taane akka barannootti kan dhiyaate ta'ee, dandeettii afaanii hiika jechoota caalatti barsiisuuf kan ooledha.
- **Malleen dubbii (boq,12, f:112)** gilgaala keessatti kan dhiyaate ta'ee, haala dandeetti afaanii dubbachuu gabbisuu danda'a.
- **Afseena (boq14 f:132-133fi boq. 16, f:153-156)** afseenni kunniin seera makoo Biliifi Gumaa kan jedhaman akka qabiyyeetti kan dhiyaataniifi, dandeetti afaanii caalatti dubbisuuf yoo ta'u, garuu dandeetti akka dubbachuu, barreessuufi dhaggeefachuus ni fayyada

Kanaafuu akka waliigalaatti afoolli kitaaba barataa kutaa12ffaa keessatti agamu boqonnaa 18 keessaa boqonnaa 7 qofa keessatti argama.

4.4 Qaaccessa Afoolaa Sakatta'amanii Dandeettii Afaanii Barsiisuu Keessatti

Mata duree kana jalatti, afoolawwan sakatta'aman dandeettii afaanii, caaslugaafi hiika jechootaa caalatti barsiissuuf kan oolan kama akka ta'e bakka itti adda ba'uudha. Kun immoo tokkoon tokkoon afoola sakatta'amanii haala kamiin akka barsisan ni mul'ata.

4.4.1. Qaaccessa Afoola Kitaaba Barnoota Kutaa 11ffaa Dandeettii, Caaslugaafi Hiika Jechootaa Barsiisurratti Qabu

Mata duree kan jalatti bifa gabateen afoolawwan sakatta'aman dandeettii afaanii, caaslugaafi hiika jechoota haala itti barsiisan adda ba'ee kan mul'atu ta'a.

Dandeettiwwan afaanii, caaslugaafi hiikaa jechootaa

lak	Gosoota Afoolaa	Dandeettii dhageffachuu	Dandeetti dubbachuu	Dandeettii Dubbisuu	Dandeettii barreessuu	Caasluga	Hiika jechootaaa
1	Sirba Daboo	-	-	-	✓		✓
2	Geerasa		✓	✓	✓		✓
3	Durduii	✓	✓	✓	✓	✓	✓
4	Mammaaksa		✓		✓		✓
5	Jechama				✓	✓	
6	Mallee Dubbii						
7	Faaruu Ateetee						
8	Afwalaloo						
9	Ciigoo						
10	Hiibboo						
11	Sirba Sirna Gadaa						
12	Baacoo						

Gabatee armaan olii keessatti afoolawwan kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessaa sakatta’aman dandeettii afaanii, caaslugaafi hiika jechootaa ammam akka gabbisan bakka itti ilaalamanidha. Kunis gabatee keessatti ‘**Sirbi Daboo**’ dandeettii afaanii keessaa barreessuufi hiika jechaatif oola. sababni jedhamef, gaaffileen qabiyyee kana jala jiran dandeettii afaanii barreessuufi hiika jechootaa gabbisuu irraatti kan xiyyeffataniidha. Gaaffii tokkofaan gilgaala kanaa ‘Sirba Daboo olitti dhiyateratti hundaa’uun gaaffiiwwan itti aananii jiran deebisi’. Deebiin isaan gaafataman akka barreessaniin ala ajaja biraa hin qabu. Kanaafuu, dandeettii barreessuu jedhama. Dabalataanis, gaaffin biraa gilgaalicha keessatti ka’e “ jechoota walaloo sirbaa dhiyaatan keessaa ba’an kanaa gadii hiika isaanii akkaataa galumsaan barreessi” kun immoo kallattiin gara hiika jechaa barsiisutti nu geessuu danda’a. dabalataanis, hiika jechaan ala caasluga bira hin ga’u jechuudha.

Karaa biraan “**Geerarsa**” geerarsi kitaaba kana keessatti dhiyaate kallattii kaayyoo qorattuun yoo ilaalamu, dandeettii afaanii keessaa dubbachuu, barreessuufi dubbisuuf ni gumaacha jedhamee kan qaacceffamedha. Kunis haala kallattii dhiyaannaa isaan barattootaf kan dhiyaate, “Geerarsa armaan gadii dubbisuun gaaffii itti aananii dhiyaatan deebisi jedha”. Kun immoo deebisi ykn barreessi jechuun barattoota ajajera. Gaaffiin biro immoo “ Garee gareetti

qoodamuun geerarsa qabiyyee adda addaa dhiyeessuun qaaccessa”. Amala gareen mari’achuu keessatti amalli dubbachuu, dubbisuufi waan gareen jedhe yaada barreessuun waan jiruuf dandeettii kana sadan gabbisuuf geerarsi kun ni fayyada.

Dabalataanis, **durduriin** kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessaatti ilaalame dandeettii afaanii, caaslugaafi hiika jechoota barsiisuuf ni tajaajila. Kun immoo jalqabumarraa yoo ilaallu, akka barattoonni dubbisanii irratti mari’achuun dareef gabaasan ajajamaniru. Dubbisichi haala caaslugaafi hiika jechootaas, ni hammata. Kana malees, tokkoon tokkoon gilgaalota qabiyyee sana jalatti dhiyaatanii raga bahu.

Afoolli sakatta’ame kan biraa immoo **‘mammaaksaa’** innis kan fuula 69 irratti dhiyaate dandeettii dubbachuu qofarratti xiyyeeffata. Barannoon isaas, barannoo dubbisuu jalatti argama. Kan fuula 159 immoo shaakala afoolaa ta’ee hiika mammaaksa kenname akka barreessan ajaja.. kanaafuu kallattii hiika jechootanis hojiirra akka oole waan ilaallamuuf hiika jechaa dabalata. Kana malees, **‘Jechamni’** kitaabicha keessatti akka dandeetti afaaniifi hiika jechaaf gumaachera. Kun immoo hiika jechootaa barsiissuun ala dhimma biraa hin qabu. Inni adda biraa immoo akka hiika jechama sanaa barreessinuufi himni akka ittiin barreeffamu waan ajajamuuf caaslugas ni hammata. **Malleen dubbii** immoo hiika jechaan ala dandeettii afaanii waan barsiisu hin qabu.

Faaruu Ateetee, qabiyyee kana keessatti barattoonni waa’ee faaruu Ateetee akka mari’ataniin alatti dhimma biraa hinaffeere. Kun immoo barattoonni waliin dubbachuu ala dandeetti afaanis ta’ee caasluga, ykn hiikni jechootaa hin mul’atu. **Afwalaloo** kitaabicha keessatti qabiyyee kanarratti barattoonni akka dubbisan qofa affera. Kun immoo dandeetti dubbisuu qofaaf gumaacha jechuu dandeenya. **Ciigoo**, ciigoo sakatta’ame keessatti dandeettii afaanii keessaa dubbachuufi hiika jechootaa gabbisuu qofaratti xiyyeeffata. Sababni isas gilgaalli qabiyyee kana jala jiru kallattii dubbachuufi hiika jechaa qofa ajaja. **Hiibboo**, hiibboo kitaabicha sakatta’amee keessatti baattoonni waliin akka dubbatan , kan jechuun immoo dhaggeeffatan ni jira jechuudha. Kan jechuun seera hiibboo keessatti dubbataafi dhaggeeffatan ni jira. Dabalataanis hiika jechootaaf ni gumaacha. Sababni isaa gaaffiin ‘ C’ irra jiru gara kallattii hiikaa waan geessufidha.

Afoolli biroo kanneen sakatta'aman immoo,'**Sirba sina Gadaati**' inni kunis kallattii sakatta'ameen gaaffiin barattootaf kenname naannoo irra jiraatan iraa siba yeroo sina gadaa godinaalee Oromiyaa keessatti sirbaman akka walitti qabaniifi kan walitti qaban immoo akka qaaccessan ajajaman. Kanaan ala dhimmi ka'e in jiru jechuun ni danda'ama. Kanaafuu, dandeetti afaanii barreessuufi tokkoon tokkoon jechootaa waaan qaaceffamanif, kallattiin barreessuufi hiika jechoota irratti xiyyeeffata. Kana malees, '**baacoo**', irratti gilgaallonni shaakala kana keessa jiran , baacoon yeroo himamu, dubbataafi dhaggeefatan akka jiraatan kan taasisuudha. Kun immoo abbaafi ilmi baacoo sana yeroo taphatantu kitaabicha keessatti mul'ata. Kanaafuu, haalli dandeettii afaanii afoolaan barsiisuufi kallattii caaslugaafi hiika jechoota ilaallamera.

4.4.2. Qaaccessa Afoola Kitaaba Barnoota Kutaa 12ffaa Dandeettii, Caaslugaafi Hiika Jechootaa Barsiisurratti Qabu

Mata duree kana jalatti gabateen afoolawwan sakatta'amee kan ibsamuufi tokkoon tokkon isaanii immoo gabateen alatti sababa qubsaa waliin adda ba'uun eeramuu danda'u.

Dandeetti afaanii, caaslugaafi hiika jechootaa

Lak	Gosoota Afoolaa	Dandeetti dhaggeeffachu	Dandeettii dubbachu	Dandeetti i Dubbisuu	Dandeettii barreessuu	Caaslugaa	Hiika jechootaa
1	Walaloo Sirbaa	-	-	-	✓	-	✓
2	mammaaksa	-	-	-	✓	-	✓
3	Hiibboo	✓	✓			-	✓
4	Dudurii	-	-	✓	✓	-	✓
5	Ciigoo	-	-	-	-	-	-
6	Malleen dubbii	-	✓	-	-	-	-
7	Afseenaa	-	✓	✓	-	-	✓

Gabateen armaan olii afoolawwaan sakatta'aman kan hammatu yoo ta'u, tokkoon tokkoon isaanii gaaffileefi shaakalli isaan hammatan maal barsiisuufi dandeettii afaanii kam gabbisuuf kitaabicha keessatti akka tajaajilan raga waliin kan itti adda ba'aniidha.' **Walaloo Sirbaa'** qabiyyeen kun dandeettii barreessuufi hiika jechootaa gabbisuun ala dhimmi biraa achi keessatti mul'atu hin jiru. Kun immoo kan mul'atu ajajni isaa "walaloon sirbaa armaan gadii ergaa akkamii qaba? Askeessatti era sana barreessuufi ergicha immoo xiinxaluuf jechoota sana hiika isaanii beekuudha. **Qabiyyee mammaaksa** jedhu keessatti immoo dandeettiin afaanii, barreessuufi hiika jechoota gabbisuuf kan barbaachisuudha. Kun immoo tokkoon tokkoon ajaja qabiyyee sana jalatti argamanii (A-C) dandeettii barreessuufi hiika jechoota gabbisuuf fayyada. Fkn 'A) fakkeenya kanaa gadii hordofuun ergaa mammaaksota dhiyaatanii adda baasi. B) mammaaksota armaan olii mammaaksan hiiki. C) cimdiin ta'uun mammaaksota lama lama barreessaa, ergaa isaanii addaan baasaa, mammaaksanis hiikaa. Ajajni kunneen dandeetti barreessuu caalatti kan gabbisu ta'ee adeemsa ergaa xiinxaluu keessatti immoo hiika jechoota hammata kan jedhameefis kanumafidha. Dabalataanis, dhimmuma mammaaksaan walqabatee fuula biraa irratti kan argamus kallattiin dandeettii barreessuu affera. Fkn " **mammaaksi armaan gadii yoo guutamee barreeffame, yaada guutuu dabarsuu danda'a. guutii barreessi.** Kanaafuu, askeessattis dandeetti barreessuu qofa gabbisa.

Hiibboo, hiibboon kitaaba kana keessatti sakatta'ame dandeettii afaanii dubbachuu, dhaggeeffachuufi hiika jechootaaf gumaacha guddaa qaba. Sababni isaas, gaaffiileen barattoonni akka dalagan ajajaman dhimmota kana qofa kallattiin kan ilaallataniidha. Kana jechuun, ajajni barattootaa (A-D) jiru yoo qaacceffame, gaaffiilee armaan gadii haala gafatamtaniin deebisaajedha kun immoo gaaffii afaanii waan ta'eef dandeetti dubbachuu cimsa. B) hiibboowwan armaan gadiif deebii isaanii kenni, kun immoo kallattiin hiika jechootatu gaafatame. C) marii gareeti kun immoo barattoonni dandeetti waliin dubbii akka cimsan taasisa. Kanaafuu, akka waliigalaatti dandeetti afaanifi hiika jechootaa dabalata. **Durdurii** durduriin kitaabicha keessaa sakatta'ame, dandeettii dubbisuufi barreessuu caalatti hiika jechootafis ni gumaacha. Kun immoo durdurii sana tokkoon tokkoon gilgaala achi jala janiin deebisuuf durduriin dubbifamuu qaba. Innis, akka qabiyyee boqonnaatti waan dhiyaatefidha. Dabalataanis, ajajni B irratti argamu "jechoota jala sararamaniif akka galumsaatti hiika kennaa. Jedhee barattoota waan ajajufi hiika jechaa jedhamuu danda'eera.

Ciigoo, qabiyyee kana jalatti dhimmi ka'e waa'ee jecha dacha, soorkoofi sookoo ture. Gilgaalli achi keessatti mul'atus, ciigoo kenname keessaa jechoota dacha, soorkoofi soorgoo baasi waan jedhuuf gosti afoolaa kun hiika jechaa barsiisuu qofaaf oole jechuu dandeenya. **Malleen dubbii**, as keessattii dandeetti afaanii dubbachuu qofa kan barsiisudha. Haa ta'u malee innuu karaa kallattii osoo hin taane bifa alkallatiini. Ajajni jiru malleen dubbii armaan gadi himi jedha kun immoo dubbachuu barsiisuu danda'a. **Afseena**, afseenni kitaabicha keessaa sakatta'ame barattoota dandeettii afaanii dubbisuufi dubbachuu, dabalataanis hiika jechootaa barsiisuu danda'a. sababni kana jedhamef, haalli ajaja dubbisicha jalatti dhiyaate barattoota kana qofa barsiisa waan ta'eefidha.

4.5. Hanqinaafi Cimina afoolawwan Sakatta'amaniin Afaan Barsiisuu

Mata duree kana jalatti cimminnifi hanqinni afoolaan afaan barsiisuu maal akka fakkatuufi furmaanni isaa yoo maal ta'e qabiyyee sana caalatti cimsuu danda'a jedhame bakka itti timaamnu waan ta'eef qabxii ijoofi baayyee barbaachisaa ta'eedha. Kun immoo tokkoon tokkoon kitaabilee qorannoof filatamanii keessatti haal hojjiirra oolmaa afoolaan afaan barsiisuu kan sakatta'amuudha

4.5.1. Hanqinaafi Cimina Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa

Akka gabateefi sakatta'ama tokkon tokkon afoola kitaabichaa irratti godhameetti, akka barannooti kan dhiyaataniidha. Gooroowwan kunnin keessaa sirba, geerarsa, durdurii, mammaaksa, jechama, faaruu ateetee, jechama, afwalaloo, ciigoo, hiibboofi baacoo jalatti gilgaallonni dhiyaatan dandeettiwwan afaanii haala bal'ina hin qabneen hammataniru. Sirba durdurii, mammaaksa, jechama, afwalaloo, ciigoofi hiibboo jalatti gilgaallonni dhiyaatan hiika jechootaa muraasa kan of keessaa qabaniidha.

Gama biraatin afoolli kitaaba barnootaa kana keessatti 'barannoon ' dhiyaachuun dandeetti dubbisuu, barreessu, dhaggeeffachuufi dubbachuu, akkasumas, caaslugaafi hiika jechootaa baldhinaan ittiin dhiyeessuuf haala mijataa akka hin qabne mul'isa.

Afoola dandeetti afaanii arfan, hiika jechootaafi caasluga dhiyeessuun filatamaa akka ta'e, afoolaan afaan barsiisuu keessatti cimina isaa agarsiisa. Sababoota afoola afaanis ta'ee barnoota biro keessatti filatamaa taasisan keessaa muraasni; barattoota keessatti kaka'umsa uumuun hirmaannaa hoo'a akka taasisanif ni gargaara.

Kanaafuu akka waliigalaatti odeeffannoon kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa kudha tokkoffaa irraa argame kun kan mul'isu gooroowwan afoolaa dhiyaatan irra caalaan dandeettii afaanii keessaa dubbachuu, itti aansuun barreessuu, sadaffaan immoo dubbisuufi dhuma irratti dhaggeeffachuudha. Haa ta'u malee dandeetti afaanii barnoota afaanii keessatti walutubanii yoo deeman malee dhumarra kufaatii fiduu danda'a. kana jechuun hojii garee keessatti dubbachuu, dhaggeeffachuufi gareef yoo gabaafamu immoo barreessuufi dubbisuu kan ofkeessaa qabu ta'a. kana hin taane taanaan hojiin garee sun guutuudha hin jedhamu. Kanaafuu shaakala tokko keessatti carraa dandeetti arfanu bakka tokkotti fayyadamutu jira jechuudha. Akka seera baruufi basiisutti akkana yaa ta'u malee kitaabicha keessatti bifa kanaan qindeessanii barsiisuu keessatti hanqina qaba. Kun immoo akka hanqinaatti ilaalama.fkn kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa kudha tokkoffaa keessatti, boqonnaa lama, mata duree 'Garasuu Dhukii' jedhu jalatti fuula 37, barannoo 3ffaa shaakala geerarsaa, gaaffii A) geerarsa armaan gadii dubbisuun gaaffiwwaan itti ananii dhiyaata deebisi. Jechuun barattoota gaafata. Hanqinni gaaffii kana keessatti mul'atu, geerarsa akka dubbisan jechuurra osoo daree keessatti akka bifa yeedaloon isaa ykn seera geerarsaa eegee akka geeraran taasissee barattootaaf faayidaa hedduu qabaachuu danda'a. isaanis:

- Haala seera geerarsaa ykn haala dhiyaannaa geerarsaa barattoonni akka hubataniifi ga'umsa isaa cimsatan.
- Miira barattootaa kakasuu danda'a.
- Dandeettii dubbisuufi dhaggeeffachuu walfaana akka gabbifatan taasisa
- Shaakala haala qabatamaan akka taasisan gargaara.
- Miira waldorgommii barattoota gidduutti uumuun ga'umsa akka goonfatan gargaara

Haa ta'u malee, akkataa gaafiin kun kitaabicha keessatti itti dhiyaateen, bu'aan argamuu danda'u dandeettii dubbisuu cimsuun hubannoo waa dubbisanii adda baafachuu dabaluu qofa irratti daanga'a.

Karaa biraatin akkataa afoolli ktaaba barnootaa afaan Oromoo kutaa 11ffaa afoolaan afaan barsiisuuf dhiyaate akka hubatamutti, barattoonni ga'umsa dhuunfaafi gareen qaban akka cimsatan taasisuuf kallattii sirrii qabsiisuu irratti hanqinni ni mul'ata. Fakkeenyuma armaan olii kanarratti hundaa'uun , boqonnaa lama mata duree 'Garasuu Dhukii' jedhu keessatti fuula 38, gaaffii B irrattii “ garee gareetti qooddamuun geerarsa qabiyyee garaagaraa qabu dhiyeessuun qaaccessaa” gaaffiin kun hojii garee akka taasisan gaafata. Akka gaaffii kanaatti barattoonni

geerarsa eessaa akka fidan, barreeffama ykn afaaniin akka ta'e, maal giddu galeeffachuun akka qaaccessan eessatti akka qaacceffamaniifi bal'ina isaa daangessuun wanti karaa qabsiise hin jiru. Kanaafuu gaaffichi iftoominaafi bifa ifaa ta'ee barattoota hirmaachisuu irratti hanqina qaba.

4.5.2. Hanqinaafi Cimina Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa

Akka gabateefi sakatta'ama tokkon tokkon afoola kitaabichaa irratti godhameetti, akka barannooti kan dhiyaataniidha. Haaluma kanaan gilgaalota 'barannoo' jalatti argaman keessatti, goorowwan afoolaa dandeettii afaanii muraasa hammatan, sirba mammaaksa, hiibboo, durduriifi afseenaa yoo ta'an kanneen hiika jechootaa hammatan immoo, siba, mammaaksa, hiibboo, durduriifi ciigoodha. Haala afoola fayyadamuun dandeettii afaanii, hiika jechootaafi caasluga barsiisuun dhiyeessuun tooftaa gaarii ta'uuyyuu kitaba kana keessatti garuu boqonnaa 18 jira keessatti afoolli kan mul'atu boqonnaa 7 qofa keessattidha. Afoolli mul'atuyyuu haala barbaadamuun ykn bifa guutuun afoolan afaan barsiisuuf hin oolu. Kun immoo afoolaan afaan barsiisuu akka hanqina qabu mul'isa. Kanaafuu, afoolli kitaa barnoota kutaa 12ffaa afoola dhiyyessurratuu gahaa miti. Kana malees, barattoonni afoolatti fayyadamani dhuunfanis, ta'ee gareen dandeettii afaanii arfan, caaslugafi hiika jechootaafi kkf irratti shaakalaaf hanqina qaba. Keessumattuu, afoolawwan mul'atan kunnen caasluga barsiisuu irratti qooda tokkooyyuu hin qaban kanaaf kunis akka hanqinaatti ilaalama

Kanaafuu akka waliigalatti, afoola kitaaba barnootaa keessatti iddoo muraasa qofarratti kaasuufi afoolaan afaan barsiisuu dhabuun barattoota irratti rakkoo hedduu uumuu danda'a. isaanis:

- Barnootaf kaka'umsa akka dhaban taasisa
- Afoola dagachaafi afaaniin walqabsiisanii barachuu dagachaa deemu
- Miiirri dorgommii barattoota dandeettiwwan afaanii dabalatee hir'achaa deema
- Barattoonni hawaasa keessaa ba'anii kallattii tokko qofaan akka deeman taasisa.

BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti, dhimmoonni sadii: guduunfaa, argannoofi yaboon bakka itti ibsamanidha. Kunis bifa armaan gadii kaayamera.

5.1. Guduunfaa

Qorannoon kun mata duree “ Xiinxala Afoolaan Afaan Barsiisuu kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa Kudha Tokkooffaafi kudha Lammaffa” yoo ta’u boqonnaalee shanitti qoodamee kan qoratameedha. Innis kutaan jalqabaa seensa, kutaa lammaffaan sakatta’a barruu, kutaa sadaffaan, malleewwan qorannoo, kutaa araffan xiinxala ragaleefi shanaffaan immoo guduunfaa, argannoofi yaboo kan hammatuudha. Qorannoon kun kaayyoo irratti hunda’ee qorannoo bu’uuraa, haalli dhiyaannaa isaa immoo waa’ee afoolaa, amaloota afoolaa, gosoota afoolaa, maalummaa afaanii, afoolaan dandeettiwwan afaanii barsiisuu dhimmoonni jedhan waan ka’aniif ibsuu waan ta’eef ibsituudha. Maddi ragaa tokkooffaan qorannoo kanaa ‘ kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa kudha tokkooffaafi kudha lammaffa yoo ta’u, akka madda raga lammaffatti kan fudhataman kitaabileefi waraqaa qorannoowwaniti. Tooftaan xiinxala raga qorattuun itti gargaaramte dhimmoota lakkofsan walqabatani xiinxalaman waan hin jirreef yaadrimee ykn akkamtaadha. Kanaaf qorannoon kun tokkoon tokkoon afoola kitaabilee qorannoof filataman keessatti argamanii gosoota afoolatti adda baasuun kan xiinxalamaniidha. Kana malees, hanqinnoonnifi cimminni afoolli afaan barsiisuu keessatti qabu ibsamera.

5.2 Argannoowwan

Argannoon qorannoo kanaa kaayyoo gooree kaayyefatame irratti kan hunda’u yoo ta’u, innis tokkoon tokkoon kaayyoo gooree hojiin agarsiifamee ibsamudha. Kun immoo kallattii argannoo qorannoo kana gama xiinxala afoolaan afaan barsiisuu kitaabilee qorannoof filatamanii giddugaleessa godhachuun xiinxalamani jiru. Isaanis kanneen armaan gaditti ibsamanidha.

- kaayyoo qorannoo kanaa inni jalqabaa, bu’aa afoola fayyadamanii afaan barsiisuun qabu ibsuu yoo ta’u, kalltti qabiyyeewwan afoola fayyadamanii afaan barsiin ga’umsa barattootaafi barattoota bocuu keessatt bu’aan inni qabu irra ga’amuyyuu, kitaabileen barnoota afaan Oromoo kutaa kudha tokkoofi kudha lamaa amma eegamef akka hin gumaachine adda bahera.
- Kaayyoon lammaffaa immoo afoolawwan kitaabilee qorannoof filatamanii keessatti argaman adda baasuun qaaccessuu yoo ta’u, tokkoon tokkoon gosoota afoolaa kanneen

akka, hiibboo, mammaaksa, durdurii, ciigoo, jechama, afseenaa, geerarsafikk boqonnaafi fuula irratti argaman waliin kaa'amera..

- Kaayyoo sadaffaafi inni dhumaa immoo, afoolawwan kitaaba qorannoof filatamanii keessatti argaman afaan ittiin barsiisuu irratti hanqinaafi ciminni isaa adda ba'eera. Kun immoo afoolawwan baayyeen akka barannootti kan dhiyaataniifi marti isaaniyyuu afaan barsiisuuf yaa gumaachan malee, dandettiwwan afaanii arfan haal tokko keessatti kan hin barsiifne, caasluga barsiisu irratti hanqina cimaan akka jiruufi hiika jechoota amma tokko barsiissuu akka danda'an bira ga'ameera. Dabalataanis, qabiyyeen kitaabichaa harki lamaa ol afoola osoo hin hammtin amma tokko qofa akka ta'e,. kana jechuun immoo kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa kudha tokkoo boqonnaa 17 qabu keessaa afoolli boqonnaa 9 qofa keessatti akka argamu xiinxalamera. Dabalataanis, kan kutaa kudha lamaa innoo boqonnaa 18 keessaa boqonnaa 7 keessatti qofa akka argamu ilalamera.

5.3 Yaboo/ Yaada Furmaataa

Qorannoon kun kitaabilee barnootaa Kutaa kudha tokkoofi kudha lamaa irratti , afoola afaaniin barsiisuu xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, qorannoon gama kanaan qoratame baay'ee waan hin jirref qaamni biroo gama kallattii biraan osoo hojjetee:

- ✓ Dandettiwwan afaanii kallattii kanaan barsiifamaniifi rakkoo barattoota irra ga'u salphisuu danda.
- ✓ Gama sirn abarnootaan, namoonni kitaabilee kana qopheessan kallattii qorannoo koo kanaan osoo ilaalani hanqinaafi cimina isaanii baruu danda'u.
- ✓ Dabalattee, kitaabicha foyyessuuf kaka'umsa horatu
- ✓ Qorannoon kalliitti kanaan osoo dabalamee qoratamee bu'aa guddaa buusuu danda'a

WABII

Abbabaa Tarrafaa.(2011). “Xiinxala dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnootaa afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa Fayyadama Afaanii Asoosama keessatti” waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) guuttachuuf dhiyaate, yuunivarsiitii Finfinnee (kan hin maxxaffamne)

Addunyaa Barkeessaa.(2018). *Semmo*.Bu’uura Barnoota Afaaniifi Oromoo. Max,3ffaa Finfinnee

Amaan Adamifi Baahiruu Dirribaa.(2006). *Royal*. Barnoota Afaan Oromoo max 2ffaa Finfinnee:Oromiyaa

Beekaan Gulummaa .(2015). Tujubaa, Finfinnee: Oromiyaa, Elleenii.P.P.P.L

Birhaanuu Maatiwos .(2013). *Fundamentals of Literature*.Addis Ababa:Addis Ababa university press.

FedhasaaTaaddasaa.(2017).*Bu’uuraalee Ogbarruu*.Finfinnee:Ilisaba publishing

Geetaachow Rabbirraa .(2008). Furtuu, seerluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Kuraz International publishing Enterprise

Jaarraa Wasaneefi Wasanee Bashaa.(2008).*Bantuu Haaraa*.Caaslugaafi ogbarruu Afaan Oromoo.Finfinnee: Oromiyaa

Melakneh Mangistuu.(2003).Fundamentals of literature.2nd edition.Addis Ababa:Branna P.E

Waraqaa Mirkaneeffannoo

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti heerame waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu ibsa. Kanaan duras yuuniivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu isaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa galchuu koo nan mirkaneessa. Akkasumas, Gorsaa qorannoo kanaa kan ta'an hojiin qorannoo kun kan qorattuu kanaa qofa akka ta'e mirkaneessuuf mallattoo isaanii armaan gaditti mallatteessuun mirkaneessaniiru.

Maqaa Qorattuu: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Maqaa Goraan: _____

Mallattoo: _____

Bakka: Yuuniivarsiitii Addis Ababaa

Guyyaa: _____